## HIV waliin jiraachuu dandeessu

Tajaajilawwan kan SAYFSM, qajeelfamaa fi abdii akka argattaniif isin gargaaru.

Sagantaawwanii fi tajaajilaawwan kunneen SAYFSM –tti isiniif argamu:

- Afirikaanota HIV waliin jiraataniif gumii deggersaa miiraa fi kan hafuuraa
- Gorsaa fi Qorannoo HIV.
- Barnoota ittisa HIV/AIDS.
- HIV posatiivii warra ta'aniif kan kennamu gidduu seenuu kan dhibee ittisuu fi barumsa fayyaa.
- Aadaa fi afaaniin kan wal qabatan. meeshaalee barnootaa.
- To'annoo dhimma fayyaa.
- Abukaatoo kan yaalii fayyaa.
- Gorsa Fayyummaa Sammuu.
- Mana jireenyaatiif, miindeffamuudhaaf, deggersa hawaasaatiif, dulaaba soorataatiif, uffannaadhaaf, barnootaaf, seeraaf, meeshaalee mana keessaatiif, akkasumas fedhiiwwan kan biroof kan oolan, maddaa fi refiraala.

## Qorannoo Fayyaa Taasisaa!

Qorannoon hundinuu fi tajaajilawwan wal fakkaatoo ta'an kaffaltii kan hin qabnee fi waajjira SAYFSM kanatti kan kennamanii dha.

SAYFSM kun karaa miseensa hojjetoota sirriitti leenjifamanii fi waraqaa ragaa qabaniitiin kan geggeeffamu meeshaa qorannoo HIV sadarkaa isaa eeggateen qorannoo dhiigaa taasisa.



Beellama qabachuudhaaf gara SAYFSM –tti bilbiluudhaan miseensa hojjetootaa waliin haasa'aa.

Bahiin qorannoowwanii daqiiqaa 15 keessatti.

**Teessoon Keenya:**
SAYFSM
2395 University Avenue, #200,
St. Paul, MN 55114

Lakkoofsa Bilbilaa: (651) 644-3983
E-meeyilii: info@sayfsm.org
Marsariitii: www.sayfsm.org

### FREE HIV Testing Sites

SAYFSM ---------------------------- 651-644-3983

Clinic 555---------------------------- 651-266-1255

Red Door----------------------------- 612-543-5555

KENNAAWWAN ADDAA GAMMACHUUDHAAN KEESSUMMEEFFAMU!

Eeyyee! SAYFSM kanaaf kennuu nan barbaada:
____$25 ____$10 ____$5 ____kan biraa

Maaloo, kennaa keessan gara kanatti ergaa:

SAYFSM
2395 University Avenue W, #200
St. Paul, MN 55114

! !

Tajaajilawwan akka aadaatti Sirrii ta'an dhiheessuu

SAYFSM

Sub-Saharan African Youth & Family Services in Minnesotaa keessatti sahaaraa gaditti kan jiraatan Tajaajila Dargaggootaa fi Maatii Afiriikaanotaa (SAYFSM), Afiriikaanota Minnesotaa keessa jiraatan hundumaaf, miira aadaa fi afaaniifis mijataa ta'een barnoota HIV/AIDS fi tajaajilawwan hawaasummaa

# Mbiu

A newsletter of SAYFSM Issue 25/February 2023 St. Paul, MN

651-644-3983 www.sayfsm.org info@sayfsm.org

## Yoo durse wayya!



**Dr. Gaarii Jaallataa**

Jalqaba bara 1980 keessa yeroo jalqabaaf vaayirasichi adda baafamee beekamuu isaa hordofee waggoota kurnan afran darban keessatti mala qorannoo fi wal'aansa HIV/AIDS irratti guddinni jiru dinqisiisaa ta'us, waa'ee dhibee kanaa hubannoo dhabuu fi maqaa balleessiin dhukkuba kanaan walqabatee jiru ammas namoonni hedduun gara fuula-duraatti akka hin dhufnee fi qorannoon akka hin godhamneef, akkasumas wal'aansa barbaachisaa yeroodhaan akka hin jalqabneef dhorkaa jira.

Kan caalmaatti hammaatu ammoo, warri qorannoo HIV/AIDS taasifatan, erga sirni ittisa qaamaa isaanii dadhabee fi dhukkuboota HIV/AIDS walxaxoo ta'an baay'ee ykn hedduutiin erga qabamanii booda beekamuu isaaniiti.

Akka ilaalcha kiyyaatti, kilinikoota keessatti muuxannoon kiyyaa namoota HIV waliin jiraatan irratti, namoonni dhuunfaa kanneen dursanii qoratamanii fi kanneen sirni ittisa qaama isaanii osoo hin dadhabin yeroodhaan wal'aansa fayyaa

eegaleen fayyaaleyyii fi jireenya isaanii akkuma nama kamiyyuu kan geggeeffamanii fi akkuma miseensota hawaasa isaanii kan biroos kan oomishaan ta'u.

Namoonni dhuunfaas sababa sodaa kan maqa-balleessii fi loogiitiin duubatti deebi'uu hayyamuu fi vaayirasichi sirna ittisa qaamaa isaanii akka dadhabsiisuuf yeroo itti kennuu hin qaban; namni tokko sodaa dandammatee qorannoo sakatta'iinsaaf fuulduratti bahuudhaan yoo vaayirasichi dhiiga isaa keessatti argame kunuunsa barbaachisaa ta'e argachuu danda'uu qaba.

Haa ta'u malee, qorannoon bal'aan waggoota kurnan afuriif geggeeffame, fi gamaaggamni godhames, saayintistoonni qoricha bu'a qabeessa ta'e kan infekshinii sirna qaama nama tokkoo keessatti qabamee turuu danda'u, fi namni dhuunfaa sun akka jiraatu taasisuudhaan jireenya fayyaalessa ta’e akka nama kamiyyuu jiraachuun danda'ameera.

Wal’aansa isiniif ta’u argachuun waliin haasa'uudhaan jalqaba. Yeroo beellama kamiin iyyuu ogeessa fayyaa keessan waliin qabaattan, wanti daangaan ala ta’e akka hin jirre beekaa.Yaada ykn miira keessan waa’ee wal’aansa HIV keessanii ykn imala keessan HIV waliin jiraachuu keessanii nuuf qooduu hin sodaatinaa. Akkasumas, dhimmoota biroo isin mudachuu danda’an kanneen akka fayyaa sammuu ykn dhimma fayyadama alkoolii ykn waantota kamiyyuu ogeessa fayyaa keessanii waliin haasa’uu hin sodaatinaa.

Waan isiniif gaarii ta'e yaada keessa galchuun muuxannoo amanamaa isaaniif qooduun humna akka qabaattanii fi fayyaa ofii keessanii akka to'attaniif isinitti dhaga'amuu danda'a.

Dhugaan jiru garuu, kunuunsa fayyaa fi yaala HIV/AIDS yeroo ammaa jiruun, namni dhukkuba kanaan qabamee, wal’aansa sana ammoo cimsee hordofu jireenya fayyaalessaa fi bu’a qabeessa ta’e jiraachuu danda’a. Haaluma kanaan, namni dhuunfaa kamiyyuu vaayirasichaaf qoratamee osoo hin tutturfamin sadarkaa jalqabaa irratti yaalamuu akka qabu baay’ee gorfama.Tajaajilli qorannoo akkasii karaa dhiheessitoota kunuunsa fayyaa kan sadarkaa duraa, Dhaabbilee Hawaasa ykn kan amantii irratti hundaa’an kanneen tajaajila akkasii irratti hojjetanii fi kan biroo hedduudhaanis argamuu danda’u.

Haala ofii keessanii beekuu dhiisuun, akkasumas vaayirasichi osoo hin to’atamin akka tutturuu fi miidhaa akka geessisu hayyamuu caalmaatti, qoratamuudhaan haala keessan beekuu fi fayyaa ofii kunuunsuun ogummaadha. Qorannoo fayyaa argadhaa! Yoo durse wayya!



# HIV waliin fayya-buleessa ta’anii jiraachuu.

### HIV waliin fayya-buleessa ta’ee jiraachuuf maal gochuutu narra jira?

Yeroo HIV waliin jiraattan, wal'aansa HIV keessan akka ajajamtanitti qofaatti fudhachuun barbaachisaa miti. Dabalataanis ofii keessaniifi fayyaa keessan waliigalaa irratti xiyyeeffachuu keessan itti fufuun barbaachisaadha.

Sana gochuuf, waantota qaama jireenya fayya-buleessa ta’an hunda giddugaleeffachuun barbaachisaadha. Isaan keessaa muraasni: miira, sammuu, maallaqaa, qaamaafi hawaasummaa.

Of kunuunsuun karaa barbaachisaa HIV waliin fayya-buleessa taatanii akka jiraattan isin gargaarudha.



### Wantoonni HIV waliin jiraachuuf na gargaaruu danda’an maalfaati?

Waa’ee karoora wal’aansa HIV kan hojii idilee keessan wajjin walsimu ogeessa fayyaa keessan wajjin haasa’uun karaa wal’aansa irratti akka maxxantan isin gargaaru keessaa isa tokko yoo ta’u, kunis jireenya yeroo dheeraafi fayyaa ta’e jiraachuuf isin gargaaruu danda’a.

## Imala wal’aansa HIV koo akkamittan to’adha?

Nama kamiyyuu olka’iinsiifi gadi bu’iinsi ni mudata. Fayyaa sammuu keessanii irratti xiyyeeffachuun HIV keessan to’achuuf waanta barbaachisaadha. Imala kana keessatti gonkumaa kophummaan akka isinitti hin dhagahamneef qabeenyaafi namoonni isin deeggaran akka jiran qofa adda baafadhaa.

## Kan hin mullanne jechuun maal jechuudha?

Galmi guddaan wal’aansa HIV hanga vaayirasii keessanii bakka hin mul’annetti geessuudha. Kan hin mullanne jechuun dhiiga keessa vaayirasiin baay'ee xiqqaa waan ta'eef qorannoon mana yaalaa safaruu hin danda'u jechuudha. Waa’ee firii mana yaalaa keessanii gaaffii yoo qabaattan, ogeessa eegumsa fayyaa keessanii waliin dubbadhaa.